Oromo

# Imaammata Argaminaa

Fulbaana 2025

Kabajamoo Warra/Guddisaa,

Manneen Barnoota Aaanaa Siyaatil argaminni mana barumsaa milkaaina barnoota ciminaan kan agrsiisuu fi baratatan keessan mana barumsaatti argamuun guyyaa hunda barnootaaf qophaa'uun isaanii bu'aa guddaa isaaniif, hiriyoota isaaniitiif akkasumas hawaasa mana barnootaa hundaaf kan buusuudha. Maaloo baratatan keessan bara barnootaa kana argamina ga'aa ta'ee qabaachuu isaanii mirkaneeffachuuf nu gargaaraa.

## WAADAAN KEENAY ISINIIF

Barattoonni sababa mana barumsaa irraa hafaniif heddu ni beekna, waa'ee dhimma fayyaa irraa kaasee hanga rakkina geejibaatti. Isin ykn baratatan keessan yeroodhaan mana barumsaatti argamuu irratti rakkoon isin quunnamu yoo jiraate, mooraa keenya keessa namoonni isin gargaaruuf qophii ta'an heddu ni jiru. Guyyaa guyyaadhaan argamina baratataa keessanii hordofuudhaaf, baratataan kan hin argamne yoo ta'e isin beeksisuudhaaf, maaliif akka hafan baruudhaaf isin quunnamuudhaaf, akkasumas rakkoolee addaan baafachuudhaan rakkoolee isin quunnaman kana hambisuu irratti isin gargaaruudhaan baratataan keessan baroota qaamaan ykn halaalatti akka hordofan taasisuuf waadaa ni galla.

## MAAL AKKA ISIN IRRAA BARBAADNU

Baratataan keessan mana barumsaa irraa yeroo hafan kan nu nugaddisiisuu yeroo ta'u, hirmaannaa mana barumsaa keessatti taasisanuuf gatii guddaa ni kennina. Baratataan keessan mana barumsaa yeroo hunda akka hordofanuu fi mana barumsaa keessatt akk milka'anuuf isin gargaaruun mirkaneeffachuu ni barbaanna, kan barnoota qaamaan kennamu ykn halaalatti kennamu irratti galmaa'an yoo ta'e ilee. Baratataan keessan mana barumsaa irraa kan hafu yoo ta'e, maaloo dursaatii mana barumsaa baratataa keessanii qunnamaa. Hafiinsi kun kan itti hin yaadamne yoo ta'e, baratataan keessan otoo mana barumsaatti hin deebi'iin guyyoota laman dura mana barumsaa beeksisaa.

## GARGAARUUF MAAL GOCHUU AKKA QABDAN

### Baratataan keessan barnoota qaamaa kennamu irratti kan galmaa'an yoo ta'e

- Dhugaadhumaan kan dukkubsatan yoo ta'e malee, kan akka gubaa, hoqisiisuu, teessisuu, qama irratti wanta yaa;ee fi kan daddarbu, ykn haala fayyaa WAC 392-401-020 irratti ibsameen waantilee COVID-19 waliin walqabatanii jiran ala baratataan keessan mana barumsaa akka hordofu taasisaa.
- Belamaa fi bakkeewwan adda addaa deemuu yeroo manni barumsaa hinjirreef saganteeffadhaa.
- Argamina mana barumsaa daa'ima keessanii hordofaa. Mana barumsaa iraa hafuun, eyyamaanis ta'ee eeyyama malee, daa'ima keessan irratti balaa dubatti hafuu itti fida.

- Yeroo hirribaaf gara siree deemanuu fi fi ganama itti ka'an murteessaa. Daa'imni keessan hojii manaa isaanii guyyaa mana barumsaa deemuu isaanii dura galgala xummuuruu isaanii mirkaneeffadhaa.

## Barataan keessan barnoota halaalaaf kan galma'an yoo ta'e

- Barataan keessan walga'ii onlaynii irratti barataa wajjin qophaa'ee akka seenan gargaaraa akkasumas sochiiwwan adda addaa karoorfaman keessa seenanii hirmaachuu isaanii mirkaneeffadhaa. Argamina barnoota halaalaa ilaalchisee odeeffannoo dabalataatiif maaloo WAC 392-401-016 ilaalaa.
- Maaloo barataan keessan walga'ii barsiisaa wajjin tasifamuuf qophaa'ee irratti ykn sochiiwwan onlaayniif qophaan irratti sababa dhukkubbiitiin jechuun kan akka gubaa, hoqqisiisuu, teessisuu fi haala fayyaa kam iyyuu COVID-19 waliin walqabateen hirmaachuu kan hindandeenye yoo ta'e, mana barumsaa barataa keessanii beeksisaa.
- Gargaarsa dabalataa yoo barbaaddan ykn barataan keessan walga'ii halaalaa irratti, kutaa irratti ykn sochiiwwan irratti akka hin hirmaanne waantilee dhorkan irratti mariyachuuf mana barumsaa barataa keessanii fi barsiisaa wajjin qunnamuu keessan itti fufaa.
- Hala barnoota halaalaa guyaa guyyaan itti fufuu dandeessan qopheeffadhaa. Barataan keessan sochiiwwan onlaynii hojjataman guyyaa itti aanuun dura galgala isaa xummuruu isaanii mirkaneeffadhaa.

Galatoomaa, bara barumsaa gaarii!

Waajjira Argamaa Aanaa Manneen Barnootaa Mootummaa Siyaatil(MBMS)

Your signature below indicates that you have read (or someone read it to you) and understand this letter.

Mallattoon kee armaan gadii jiru xalayaa kana akka dubbifte (ykn namni bira akka siif dubbise) akka hubatte agarsiisa . Erga mallatteessitanii booda, raga kana gara waajjira fuulduraa mana barumsaa barattoota keessaniitti deebisaa

Mallattoo : ______________________________________________ Guyyaa ______________________

Maqaa Maxxansaa:____________________________________________________________________

Maqaa Barataa: ________________________________________________________________________

ID barattootaa: _____________________________

Hubachiisa: Argamina barataa keessanii ilaalchisee gaafii kam iyyuu yoo qabaattan, maaloo mana barumsaa keessan quunnamaa.

*Gareen xalayaa kana hojiiwwan argaminaa kan ilaalatuudha (http://www.attendanceworks.org/).*

Oromo

*Odeeffannoo dabalataa argamina maneen barnoota Siyaatil ilaallatu, qunnamtii aanichaa dabalatee bakkee kanatti argamuu ni danda [www.seattleschools.org/attendance](http://www.seattleschools.org/attendance).*